

CALAQQEE SEENAA

Kuusaa Walaloo

Kutaa 1^{ffaa}



Walqixxee Indaalee Guuttataatiin



Walqixxee Indaalee Guuttataa

Godina shawaa lixaa, aanaa Baakkoo Tibbeetti dhalatee guddate. Barnoota isaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffa bakkuma kanatti kan xumure yoo ta'u, yeroo har'aa kanatti yuunibarsilitii Gondaritti barataa muummee Gazexeessummaa waggaa xumuraati. Kitaabolee hedduu barreessee kan of harkaarraa qabuu fi muraasni yeroo dhiyoo asitti akka isin bira gahan gamanumaan dhaammata!

Calaqqeen seenaadha; seenaan immoo calaqqee saba tokkooti. 'Calaqqeen seenaa', og-barruu bifa walaloon qindooftaafi gumaata uummanni Oromoo addunyaaf gumaache of keessatti kan hammattudha. Anis kanaaf gumaata godheen barruu kana laadhe. Gumaata marartoon guute! (Barreessicha)



CALAQQEE SEENAA
Walqixxee Indaalee Guuttataa

2020

CALAQQEE SEENAA

KUTAA 1^{ffaa}

WALQIXXEE INDAALEE GUUTTATAA

AMBOO, OROMIYAA

© **Walqixxee Indaalee Guuttataa, 2020 G.C**

Mirgi barreessaa **seeraan** egamaadha!

Eyyama barreessaa malee, barruu kana karaa kamiinuu
barreessuufis ta'e raabsuun dhorkaadha. Maddaa eeranii
wabeeffachuun garuu ni danda'ama.

Yaada keessaniif karaa teessoo gadii kanaan naan gahaa!

Walqixxee Indaalee Guuttataa

E-mail: Walkiteendale9@gmail.com

Bilibila: 091929657/0935882640

Feesbuukii: Wolkite Endale

Gulaaltoonni:

Obsii Filee: Barreessaa fi Gaazexeessaa

Naafseenaa Bantii (MA): Barsiisaa Afaaniifi Barreessaa

H/Gabrel Guddataa: Gaazexxeessaa

Nadhiisaa Geetaahuun (MA): Barsiisaa Afaaniifi Barreessaa

Yaada gulaaltotaa

“Namni kaayyoo hanga lafa yaade gahuutti abjuun isaa waa’eema kaayyoo isaati; waca galtootaafi gantootaa hin dhagahu; waan darbe dhiisee isa fuulduraaf aggaama; bitaafi mirga hin ilaalu; kan isa boqochiisuus abjuu isaa ganamaa sana dhugoomsuudha. Namni kaayyoofi milka’inaa isa kana. Walqixxeenis kana. Nama kaayyoofi quuqama qabudha. Kaayyoon isaa ‘CALAQQEE SEENAA’ deesse. ‘**Calaqqeen seenaa**’ dungoodha. Ofii gubachaa danuuf ifa ta’aa waan dukkanaafi dhara cuufaa saaxilti. Kitaabni kun, jalqabbii isaaf ta’uus kitaabota hog-barruun duuroman biroo dhihootti qabatee hanga as bahuutti ‘Calaqqeen seenaa’ kutaa 1^{ffaa}n affeerraa keessan. Mee itti dhihaadha; dubbisaa; kitaaba ani baay’ee jaalladhedha.” (**Naafseenaa Bantii Qixxeesaa, MA, Barsiisaa Afaan Oromoo**)

“Calaqqeen seenaadha; seenaan calaqqisiistudha; seenaan warraa of ta’uu akka qarominaatti amananiin barreeffama; isaanumaan calaqqiisas. Walqixxeen isaan keessaa tokko; dhaloota qubeeti; Walqixxeen Barataadha; barruu xiqqoo kanaan akka albuudni dheedhiin hedduun keessa isaa jiru tilmaamuun rakkisaa miti. Sabni

Oromoo Waloofi Barreesiitoota hedduu kumaatama ta'an qaba; isaan kun martuu haalota mijaataa keessa qofaatti barruu garagaraa barreessan osoo hin taane, **Walqixxee** garuu isaan hundaarraa adda kan taasisu, Gojjaam qaxxaa muree, Gondaar walakkaa ta'ee iddoo namni Afaan Oromoo barreessuuf miti dubachuufu yaaddoo fi sodaa guddaan itti dhagahaamuu; iddoo hamileen nama bo'uu bakka ittii boquu ol qabatanii ademuun ulfaatu taa'ee quuqqaa garaa isaa jirtu 'CALAQQEE SEENAAN' ibsaachuuf jecha fi seenaa hangafarraa dhaga'ee galmee seena irraatti galmeeffachuuf barruu kana barreessee gumaata isiniif kenne; isinis kaffaaltii tokko malee dubbisuufin jajjabeessa!" (H/Gabrel Guddataa **Gaazexeessaa**)

“Garaa haadhatu burreedha. Eyyeen burreedha! Takka ciiniinsuu hamaan dhiphatee goota biyyaafi saba isaaf dhiphatu daha; takkaa ammo...afaanitti naa hafu. Haati Walqixxee deesse ishee kam laata? Ilmi namaa gaafa dhalatu kaayyoo waliin dhalata jennee afaan gunnee yoo dubbanne dhugaa irraa hin fagaatu; kan kaayyoo malee dhalatee jiraachuu baatuus kan kaayyooo dagate hedduudha. Barreessaan ‘Calaqqee seenaa’ nama enyumaa saba isaa ibsachuuf

dhaloota isaa irra qabee ciniinsuu fi dhiphina guddaa keessa ture ta'us haaloota danqara caalaa ulfaatan kessaatti, xuurree hanga qawwaa lilmoo hin bal'annee keessaa darbee 'calaqqee' isiinif gumaache. Barreessaan kun kitaabolle og-baarruu fi seenaa hedduu kan harkarra qabu ta'uus 'Calaqeen Seenaa' kutaa lffaan gumaata isaati, irraa fudhadhaa!" (**Naadhiisaa Geetaahuun, Barsiisaa Afaanii fi Barreessaa, MA**)

"Namni qaama uumaan isaaf kenne kununsee, qulqulleessee, kukkuulee yoo eeggate, bareedina isaan ija ofitti waama; akkasuma, jechoonnis wal unatanii, waloodhaan qoraafamanii, dabaaf jallata malee soroorratanii yoo ijaaraman, gurra ofitti harkisu; yaadaaf qalbii namaa dirqiin hatu; waloonis yoona jiruusaa eegale jechuudha. Qirqirsee kofalchiisa, hooqeefii garaa ciibsa; aariifi quuqqaa garaa isaa dhoksee dubbatata. Ergaa dabarsa; isa rafe dammaksee kakaasa, tokkoomsee humna ijaara, soneessee karaa qabsiisa. Waloo kichuu kanarraa jorroo jechootaa tarraa'ee hin dhumne; gola yaadaa seenee nama si'eessu dubbisuun carroomuudha. Oromoo, kunoo **Walqixxeefi warreen akkasaa hedduu qabda gammadi!" (Obsii Filee, Barreessaa fi Gaazexeessaa)**

Yaadannoo

Kitaabni kun shamarran, dhiirota, guddaa, xiqqaa osoo hin jedhiin kanneen lafeen akka qoraanitti isaan caccabee, dhiigni akka yaa'a lolaa Adoolessaatti dhangala'ee; dheebotaanii osoo hin dhugiin, beela'anii osoo hin nyaatiin kufaa ka'uun, Afaan kana laphee dhiibnee sodaa tokko malee akka dubbannu, akka katabnu akkasumas, afaan barnootaayyuu akka ta'u taasisanii ofii isaanii garuu ijaan arguu dhabuun kanneen miilla fageeffataniif yaadannoo ta'ee haa hafu

Kessaayyuu Artiistoota keenya yakka afaan kanaan sirbuu qofaaf murtee du'a lubbuu fudhatan kanneen akka:- Haacaaluu Hundeessaa Boonsaa, Yooseef Gammaachuu, Usmayyoo Muusaa, Daadhii Galaan fi kanneen birroo hedduu isaaniif yaadannoo bara baraa naaf haa taatu!

Galata

Hunda dursee, Waaqa uumaa uumamaa samii riqaa malee dhaabee,
dachee dhisaa malee diriirse, akkanuma carraa kana naaf laate
galateeffachuun barbaada; hangafni galata koo isaaf haa ta'u!

Harmee koo Aadde Xurruu Dhaabaa, beelaafi dheebuu osoo hin
jedhiin rakkoofi bal'ina hunduma isaa daandessee, iddoo haadhaatti
haadha, iddoo abbaattis abbaa naaf taatee, Waaqaa gaditti har'aan
kan na geessee kan na guddifte; na guddistees carraa ofii kee hin
arganne naaf laatte akkan baradhuuf qabsoo guddaa taasiste onnee
kiyyarraan si galateeffadha. Umurii harraagessaa naaf jiraadhu!

Itti aansuun, Obboloota koo: Hıncaalaa, Zinnaashfi Guddoo
Indaalee Guuttataa baay'een isin galaatefadha. Obbolootako! Jaalala
dhugaa isin naaf qabdantu nama kanaa na godhe yoon jedhe kunuu
siniin naaf hin ibsu. Addumaan immoo, **Zinnaash**, ati anaaf
Obboleettii qofa miti; waan hundumaa kooti; hamaa kee gurrikoo
hin dhagahiin! **Guddisookoo!** Obboleessa akka abbaa,
dargaggeessa akka raagaa! Maal jedhe si galateefadhu? Kitaaba
barreessuun durayyuu, maalummaa namaa sirraatiin bare, gara
dirree dubbisuu fi barressuu osoo hin galiin dura, fakkeenyummaa

keetu nama na godhe; maatii kee maraa waliin guddaan isin galateeffadha!

Obboloota abbaa kiyyaa: Qannoo, Xaasoo, Hayiluu, Giddumaa fi Badhaasaa Guuttataa бага naaf jiraattan. Addumaan Qannooko, abbaako atii anaaf abbaa kiyyaa jechuuf dirqama abbummaa namni dhala isaaf bahatu ol baahatee na guddifte; Galatoomi! Jechi jedhu oolmaa kee naaf hin ibsu.

Akkanuma namoota yeroo ani ciniinsuu ulfaa hammaataan galaana yaaddoo daaku, ennaan ani xurree milkaa'inaa barbaachaaf jecha akka qaroo dhabeessaa ulee malee bahee tirachaa ture harka koo qabanii xurree milkaa'inaa na qabsiisan, dirqama tokko malee dirqama Orommummaaf qofa rakkoo fi gidiraa ani ittiin dhiphachaa ture naaf qooddatanii akka kitaabni kun akkanatti keessisheefi duubnishee bareeddee, fayyaamtee dubbistoota bira akka geessuuf shoora guddaa taphatan kanneen akka:- **Dr. Abbabee Dachasaa Yaadataa, Caalchisaa Gammadaa, Fira'ol Xaasoo, Oliksaa Jabessaa, Biniyaam Iddosaa Nageessoo, Raabbirraa Nugusaa, Ifargan Guddataa, Abdiisaa Ejjetaa, Biraanuu Fiixaa** fi hiriyyonnikoo maraa naaf galatoomaa.

Gulaaltonniikoo kanneen akka:- **Naafseenaa Bantii Qixxeessaa,**
Obsii Filee, H/Gabrel Guddataafi Nadhisaa Getahuun galanni
ani isiniif qabu guddaadha. Waaqaa gaditti isintu daandii ta'ee
‘Calaqkeen Seenaa’ daandii isin soqxaniif irra imaltee
dubbistoota bira qaqqabde; galatoomaa!

Dhaamsa

Sabni kamuu nama qaba; dhalli namaa Kamis saba ni qabaata.
Sabni nama hin qabne akkanuma namni saba hin qabne yoo jiraate,
namnummaan nama sanaa kan shakkisiisu fi sabni sun illee saba
osoo hin taane gurmii bineeldaati jechuudha!

Sabni kamuu seenaa akkuma qabaatu, seenaan sun ammoo kan
abbaan barbaade bakkee barbaadee dhufee katabuufi madda
qabatamaa tokko malee ilaalcha mataa isaa lafa kaa'u osoo hin
taane, sabuma sanaan katabama. Saba Oromoo, saba guddaa kanaaf,
sababa cunqursaa fi sirna abbaa irrummaa biyyaa kana keessa tureef
jecha, seenaa bifa barreeffamaan ol taa'e hedduun hin jiru. Haa ta'u
malee sabni kun, hunduma isaa danda'ee, madaa'ees madaa bachaa
dhiphatees yaada nyaacha har'a gaheera.

Quuqamtoonni saba kanaa carraa argametti fayyadamuun, haalota
ulfaatoo fi dhiphinaan guute keessatti roorroo fi quuqama saba
isaanii ibsachuuf jecha bifa geerarsa, sirba, weedduufi walleetti
dhimma bahaa turan. Yeroo dhihoo asitti immoo, bifa barreeffama
garaagaraa fi walaloon yaada isaanii ibsachuutti jiru. Anis akka

saba tokkootti dirqama narra jiru bahachuuf bifa walaloon isiniif qabadhee as baheen jira.

Hedduun keessan garuu ana caalaa walaleessuu fi barreessuu osoo dandeessanii, haalli isin dhiphisee danqaraa cimaa isinitti ta'ee daandii akka isin dhorkatee jiru nan hubadha. Egaa, maallummaa fi quuqqaa saba keessanii kan argitanii fi kan dhageessan maraa yoo haalli mijaachuu baate, rakkoonis dachaa taatee haalonni dhiphinaan guutamanii, gidiraan lakkuu taatee yoo kobbee fi waraqaa dhabdan illee, dhagaafi dachee biyya keessanii irratti, mukeen mimmiidhagoo dacheema keessan irraa biqilaniin bifa barreeffamaan dhaloota booda keessan jiru, dhaloota egereef olkaa'uun jara warra, "Oromoon seenaa hin qabu" yookaan "Oromoon achii dhufteen isaa hin beekamu" jedhan afaan qabachiisaan dhaamsa kooti.

Seensa

Oromoon saba. Eeyyeen ammas yoo na nuffites irra deebiseen jedha. Oromoon saba malee gurmii bineeldotaa yookaan tuta walitti qaba wantootaa miti. saba ta'eeyyuu saba achii dhuftee jabaa qabu, saba jaarraa dheeraaf dhugeeffaannaa mataa isaa qabu, saba akkuma biyyoota addunyaa guddatanii kanneen biroo akkuma Chaayiinaa fi Hindii, akkanuma Maayyaa adduunyaaf **Kallandera** mataa isaa gumaache; biyya sirna ittiin bulmaata Dimookiraasii (**Gadaa**) akkuma Ateensi addunyaaf gumaache. Oromoon saba qaruuxee waan itti himame dafee galuuf, akkanuma ofiin dafee jijjiiramuurrayyuu addunyaa keessa jiraatu dafee jijjiiruun beekamaa ta'uuf ammoo seenaan Abbaa Gammachiis, Generaal Taddasaa Birruu fi Bililleefaa ragaa cimaa nuuf ta'a!

Kan kaleessa ta'e kan yaadatu, waan har'a otuma dalaguu, waan boru ta'uuf jiru kan tilmaamuu danda'u nama. Kana ta'u baannaan garuu namni kun maraatadha; yookaan fayyaa dhabeesa nama jechisiisa. **Eyyeen warra akkaanatus maqaa nama balleessee moggaasa hin taane nama badhaasa!** Sabni kamuu aadaa fi

afaan akaasuma amantaa, duudhaafi safuu mataa isaa ni qabaata,
sabni saba jedhamee waamame tokko sabummaan isaa kan
beekamus ulaaguma kanneeniini.

=>Na ofkolchaa jechaa, ammas wanti ani jechuu barbaadu
Oromoon saba raatuu miti; qaruuxeedha. Abbaa keessummaati;
jibbaan beeku; abbaa firaatis, **Guddifachaa fi Itti-makoon** aadaa
isaati. Warra akkas jedhanii fi akkanaa nutti galanii maqaa dharaa
nuuf kennantu hedduudhaafan irra isiniif deebi'e! Sabummaa kan
jennu ammoo nama tokkoo fi lama akkasumas bicuu osoo hin taane
hawaasummaa fi waliin jireenyaa isaa dabalateeti. Oromoonis saba;
saba ta'eeyyuu saba bicuu miti; saba bal'aa ardii warra gurraachotaa
yookaan kan afaan warra faranjootaan, "*The blacker continant's*"
jedhan san, ardii Afrikaa keessa gara bahaatti jaarraa dheeraaf
jiraachaa ture, har'as jiraachaa jiruufi boriis itti fufee jiraatu ta'uufi
afaan sabni kun dubbatu Afaan Oromoon afaanota akka Arabaa
akkasuma Afaan Hawusafi Fulaan biyya Naayijeeriyaatti
dubbatamanitti aanee akka ardii Afrikaatti sadarkaa sadaffaa akka
biyyaatti ammoo sadarkaa tokkoffaa ta'uu isaa isin dubbistoonni
kooyyuu anarra quba qabdu jedheen abdii guddaan qabaadha.

Sabni tokko saba erga jedhamee itti waamamee, wantoota caqafaman kana maras erga qabaatees seenaafi quuqama mataa isa ni qabaata. **Seenaan xiqqoo hin qabdu; seenaa riirmi hin nyaatufi quuqamni garaa quuqqaa sammuu namatti taati** kan jedhan sanaafis meeqatu yeroo isaa aarsaa taasisee quuqqaa garaa isaa dhukkubsu bulgaafachuuf qubeessaa isaa raasee barruulee isaa dirmammessee waraqaa irratti bifa kitaabaan barreesse, kaan ammoo walaloo fi yeedaloo itti baasee bookkisee saba isaa dhageessifates hedduudha. Anis dabaree kiyya, quuqama eenyummaa fi maalummaa saba koo hedduu ta'uu baatus hanga natti dhagahamefi hanga qubeessaan koo naaf mirgiste bifa walaloon jechoota kuusee, coree, walitti funaanee isiniif dhiyeesseera. Maarre! isinis kitaaba, ‘**Calaqqee Seenaa**’ kuusaa walaloo taate kana waliin dubbisa gaarii!

1. GADAA

Abbaa jiidhaa, Abbaa nagaa

Araaraaf, milkii gaarii

Abbaa kennaa jaalalaa

Abbaa dhugaa, Abbaa haqaa

Beekaaf, qaroo addunyaa

Argama keenyaaf ragaa.

Halagaf, firan jettu;

Hundaaf qixa dhaabbatta

Fagoodha kee dhufteenkee

Guddaa guddaa galmikee,

Oromoodha seenaankee;

Oromiyaa mannike

Sirna qoqqooddii aangoo

Hundumasaa tumsitee

Nama kan ta'e qofaa

Namummasaaf hirphitee

Sirna Dimookiraasii

Addunyaaf gumaachite.

Dabballee, Raabaa, Doorii,

Muudanaafi Roobalee

Tokkoofi lama miti

Hedduu hedduu gosnikee.

Dhakaafi lafa miti

Namas miti waaqni kee

Umaatti kan amantu

Uumama kan kabajju

Odaankee mallattoodha

Coqorsaf, jiidhaan baata

Halagaf, firan jettu

Hundumaa qixa laalta.

Akkaataa Bulchiinsakee
Irraaf, jalaan qooqqooddee
Saalaaf umurii malee
Hundumaaf aangoo qoodde
Ayyoodhaaf haadha sinqee;
Abboofimmoo Abbaa Gadaa
Isa marsee si eegu
Qeerroodhaaf, Foollee laata
Saalaaf, umurii malee
Hundumaaf aangoo qoodda.

Abbaa Muudaa, Abbaa Gadaa
Caffee fi Abbaa Bokkuu
Anaa dhufu Gadaako
Anaa dhufu Abbaa Duulaa
Anaa dhufu Foolleeko
Qeerroo qeerrittiin maraa

Oromoon galtuu miti

Seenaa achii dhuuftee qaba.

Achii dhufnikee dheeraa

Fagoodha icciitiinkee

Sirna bittaa, garbummaa

Miti cunqursaa sirnikee

Riqaa ce'umsa keenyaa

Kan garboomfataaf, kolonii

Dhugaa dhugaa dubbanna

Afuuftuuf tola sobni.

Kitaaba Seenaa keenyaa

Galmee keenya jaarraa dheeraa

Maddaa Bulchiinsa gaarii

Xurreef, daandii milkoomaa

Baguma nuuf jiraatte

Addunyaati siin boona.

Argama Dimookiraasii

Bu'uura heeraaf seeraa

Madda mirga namummaa

Ragaa argama keenyaa

Dhugaa baatii Oromootaa

Hiikkaa jireenya keenyaa.

Haqa namaan sarbitu

Miidhamaaf dantaa eegda

Elaaf, elaameen buluun

Jaarsummaan aadaa keeti

Meeshaa waraanaa malee

Jalaalaan diina moota

Jaarraa dheeraa duraanuu

Wabii keenya sirni kee

Handhuura keenya ati

Siin maqaan nuuf mogga'e

Daandii ati nuuf soqheen

Dhaloonni qubee as ga'e

Kalandara mataa kee

Addunyaaf gumaachitee

Koloniif sirna bittaa

Qe'eedhaa nuuf dheessite

Oromoof, saba Oromoo

Addunyaatti beeksifte

Gadaa... Gadaa

Nu boonsita, Gadaako

Bagayyuu keenya taate!

2. Mee bakka kamiin jirtaa?

Nadhii ilma Gammadaa

Goota ija barbadaa

Qeerransookoo siin jedhee

Maqaa si dhahuu laata?

Arbaaf, yeedala maraa

Kana hundaa ni caalta.

Leenca kiyyadha ati

Si yaa jajjaabee kiyyaa

Si faarsuuf jecha dhabeen

Afaan banee siif iyya

Jabaataa qomoo ofii

Abbaatu jabeeffata

Nadhii koo yaadee dhabeen

Garaan koo na gubata.

Seenaakee yoon dubbisu

Qeerransarra xiiqoofta

Suraakee yoon ilaalu

Hunda caalaa miidhagda

Araada na qabsiiftee

Shiishaaf, Tamboorra caalaa

Gootakoo qofaa jechuuf;

Gootota maraan caalta,

Maaltu sit dhufe laata,

Mee bakka kamiin jirta?

Siif jecha nagaan kiyyaa

Otuu allaattii ta'ee

Baallee fi koochoo horee

Gaaraaf, tabba qari'ee

Haala ati itti jirtu

Hunda gurraan na ga'e.

Ijakee diimaa sana

Barbarree kan fakkaatu

Bookamoo damma laata

Mee maali kan unattu ?

Hareeda kee midhagaa

Maddiif, lapheekee reebu

Halaalatti si argu

Dinni kee kan wareeru

Jalleewwankee martinuu

Mana hidhaa turani

Kan biyya ambaa tures

Biyyatti deebi'anii

Ililleef gammaachuudhaan

Walitti dacha'anii

Kuruphisaa taphaatu

Finfinneet wal guuranii

Nadhiikoo keessaa dhabnaan

Garaankoo na gubate

Meerree Nadhiinkee? jechaa

Sagal na gaggaafate.

Achii buteekeen dhabe

Milla Bakar taatehoo

Jirtamoo duute laata?

Sagaleekeen dhageenye

Nadhiiko jechaa jirra

Qeerroofi qarreen walgeenyee.

Harargee, Baalee, Gujii,

Arsii, Boorana, Shawaa,

Wallaggaa, Limmuu, Jimmaa

Si argachuufan dhimma.

Faanniikee eessa laata
Eessatti si barbaaduu?
Ergan si yaadee dhabee
Kafana ofirraa gatee
Ulaagaa hundaa guutee
Ta'een jira maraatuu.

Qe'ee Kumsaa Morodaa
Naqamte keessa ba'ee
Gimbiif, Ayira deemee
Mandiin otuu nan hafiin
Gidda keessa ol kutee

Qe'ee Abishee Garbaa
Horrootti achii darbaa
Gincii keessa jaawwaree
Amboo, Gudariin bahee

Hoolota keessa kutee

Meettaa Walqixxees dhaqee

Waliisoon otuun hafin

Sadeen sooddootti imalee

Gaara Carcarii keessa

Bosona Baalee deemee

Gaara Abbaa Seenaafaa

Akka mataatti injiree

Gootota kaaniin malee

Nadhiikoo hin argine

Ergati manaa baatee

Balbalaakoon cufanne

Maaltu sit dhufee laata?

Walittisoon mufanne.

Araadakeen qabameen
Sagalan hamuummadha
kuruphisaa naaf kootu
Ijumaaken daawwaadha!

Namarraa adda ba'een
Qofaa taa'ee raata'a
Lafaaf, haafa maraatti
Waa'ee kankeen haasa'a
Helooma naan jedhiikaa
Sagaleekeen dhaga'a
Dhukkuba dugdaan qabu
Eelaa kankeetin aada
Lowaadhuma naaf kootu
Ija kankeetiin arga!

Gooroo Balaayii kiyyaa

Ilma Zalaqaa Qilxuu

Eessatti si barbaaduu?

Wallo keessasoon jirtu

Qe'een Abbiichuu kiyyaa

Gooroon Taddasaa Birruu

Wayyoo Nadhiikoo jechaa

Afaan bananii iyyu

Gooroon Abeebee Tufaa

Wiirtuun Maccaafi Tulamaa

Irbuu ati keessa keesseef

Nadhii jedhee quuqama

Darraafi, Kuyyuutti darbee

Fichee keessa gulufee

Salaalee keessa jooree
Shawaa hundaa dhoqqeessee,
Heloo jedhii naaf dhaami
Nadhiiko eessa geesse?

3. Onneenkoo duruu gowwaa

Onneenkoo duruu gowwaa
Daandii fagoo imalti
Kan ishee yaadu dhiistee
Kan hin yaadneef dhiphatti

Otuun siif jedhee boo'uu
Siif otuun qullaa buusuu
Otuun siif jedhee kaadhuu
Siif jedhee otuun maraadhuu

Kiyyaakoo osoo naan jeettuu

Osoo na mararfattuu

Balbalaan otuun eeguu

Boroodhaan ennaa baatu

Silas jaalallin qabu

Shoongoofi mana murtii

Isati na miitemmoo

Rabbiin dagateen argiin

Duruu naaf amallikee

Bubbeerra natti ulfaata

Gingilchaan bishaan fidi

Jetteetu na ajajja

Bakka loowwan hin oollee

Koboota naaf funaani

Jechaa na jijjifata

Otuun roobiin dhoqqaa'uu

Yoo roobemmoo awwaara

Gajjallaan bishaan dhugu

Kan gararraa boora'a

Onneenkoo siif billaacha

Atimmoo taatee ijoollee

Fiigaa taphachaa turre

Iyyaa, kokolfaa cooknee

Akkati Re'ee taate

Animoo siif *goommana*,

Dagadheeyyuun tilmaamne;

Gowummaankoo isa kana

Riffeensikee miidhagaa

Dugdarra danbali'a

Ijakee keessaa ilalaa

Sifaanan cololi'a

Mudhiinkee qabaan guutu

Midhanmoo bishaan laata

Mee maali kan sorrattu?

Guntutakee dhaabbatee

Qara mutaa fakkaattu

Anuma dhoosee jigse

Waaqaaf lafti haa dubatu!

Ilkaankee shaashii sana

Ennaa ati sesseeqxu

Silaas ati horii malee

Homaa jaalalan beektu

Rabbin abbaan jaalalaa

Uumaan abbaan hiyyeessaa

Isa tokko ol kaasee

Isa biraa gad buusu

Isa tokko boossiisee
Kaaniin kan kofalchiisu
Miidhamtuu onnee kiyyaa
Kan jaalalakeen boossu
Koloneeffamaa taatee
Kan sirnakee hordoftu
Isati miite sanaaf
Har’as si biraan haftu
Umamti abbaan hiyyeessaa
Furmaata isheef haa laatu

4. Ulfa Ciniinsuu Hammaatte

Ulfa ciniinsuu hammaatte
Miixannaa ulfa duraa
Kan firri siif hin beekne
Mari'immaankee si guba

Akkasheetti akka miti

Akkatti haguuggatani

Barasheeti bara miti

Bara waa dubbatani

Dubbataan dudubattu

Callisan raatu ta'u

Xiqqoomashee himadhee

Bakkee garaakoo ga'uu?

Nan dhiphadhe lammiikoo

Lammiikoo qomoo kiyyaa

Kanaafan afaan bancee

Gurra keessanitti iyya

Itti adeemnaan duumessa

Dhaphu didee sursure

Barbarees hin sorranne

Yaada garaa na gube

Mana gubataa jiruuf

Eelee jedhee watwaata!

Akamiinan furdadha?

Yaada soofee na nyaata

Harmeeekoo boo'aa jirtu

Biftuukoo, sooreettiikoo

Akamiinaan soorradha

Maal nan jedha mirriko?

Kanaafan gabaabbadhee

Hunduu gadi na laala

Namni yaadni gugube

Ciraa gubattera aara!

Obsee obseen dadhabe

Didee natti hammaate

Foon kiyya ciree fixee

Lafee kiyya na nyaate

Diddee daangaa dabarraan

Bishaanuu ibidda huba

Yoo malaan itti dhoofta

Ibiddatu bishaan guba

Yoo humnaaf jabaan laga
Kan gudeelcha diriirsu
Yoo lammiif qeerroon qaba
Jabduu hanga jette geessu!

Baddaa keessa marmaaraa
Qorra jabaan dhaanamee
Gammoojjii keessa jooraa
Qoreedhaan waraanamee

Birmannaa maafan dhabe?
Hunduu gadi na laale;
Yaandeessi inni milanaa;
Kan baroota hundaa caale
Godoo kiyya dudduuftuu
Didee na jalaa dhaane.

Qe'een warra Gootichaa
Hin ta'uu qe'ee boo'ichaa
Halagaan haga yoomiitti
Nutti kolfee ililcha?
Diinni sobee dhaadata
Yoomu haga jedhun gahu
Oromoon duru tokko
Shanis, shantaman ta'u
Baandafi warri galtuu
Ofiin yaada dhama'u

Waa'ee keenyatti hin beekna
Haga jennes hin geenya
Hundumaa garaa gubnee
Lammiimmoo garaa geenya.

Dubbiin baayyatteefillee

Harreettin maxa'anii

Kan maqaa nu faalanis

Hamma keenyan ga'ani

"Nuun miti farda keenya

Hin beeku bareechanii

Isa gaarreen Aduwaa

Gaafa Maqalee sanii”

Jedhee ture Haaceenuu

Tokkichii qixxee shanii.

Gaafan ani huuqqadhu

Didee didee soofamu

Heci! maal kuni jechaa

Quba maa natti qabu?

Namni yaadaan ulfaa'e

Yoomuu ciniinsuun dhaabu.

5. Ija Laafummaakoof

Daa'imummaa kaafnee

Kan waliin guddanne

Dhiphuuf, eelaa hedduu

Waliin kan muuxxanne

Dhakaaf biyyee daaknee

Kan waliin guddannee

Bu'uurarraa kaafnee

Waliin kan baranne

Sekoondiif altokko

Walirraa addan baane.

Taliileekooti ati

Kan garaan qulqulluu

Jaalalaan addaatti

Waa garaa sin jiru

Kululleekoo jedhu

Boonaakoo naan jetta

Maatiif fira hundaarra

Olkaastee na laalta

Gatii jabeettiikoo

Jecha siifan dhaba

Albuuddan jajjaaboo

Meetimoo, warqeedha,

Kamtu si madaala?

Fooliinkee urgaa'a

Habaaboo'ra caalaa

Ijjikee kan guugee

Caalee nat argama

Guntunniike silaa

Mutaa caalaa qara

Nyaarri ijakeetii

Bissiiarra heddummaata

Teesumni hidhiikeetii

Xuuxxooma fakkaata.

Kana hundaa yaadaa

Akkaa huummoon aada

Silaa qofaa kiyyaan

Ofittan hasaasa

Eenyuuti dhiira ta'ee

Adda irraa na baasa

Manatti ol seeneen

Ofitti odeessaa

Isheen dhuunfaa kiyya

Jechaan of goyyoomsa.

Akkan si jaalladhu

Hubattee otuu jirtuu

Bilbila onneekoo

Sirriitti otuu beektuu

Maaliif ariifattee

Sekoondii lakkoofa?

Gurraakeen dhaga'uuf

Maaf afaan na eegda

Anis egaa gaabbee

Hundumaa xiinxalee

Afaanii of baasuuf

Qophiitti otuun jiruu

Ija laafummaakoof

Of duraa si dhabe

Ofirraa dabarsee

Halagaaf si kennee

Atis eegaa anaan

Afaan otuu eegduu

Dubartuummaakeetiif

Ofitti qaanoftee

Nama biraaf ta'uuf

Dirqama fudhatte

Imimmaan harcaasaa

Kiyya otuu haxoofu

Narraa adda baatee

Kan halagaa taate

Milkaa'ii jiraadhu

Daandiin sit haa tolu

Mataa of ciruurra

Waan gochaalleen qabu

Anis egaa hin qabu

Fira na gaafatu

Miirtoonnikoo maraa

Anatti mufatu

Ija laafummaakeef

Jechaa na komatuu!

6. Garaa dhiifamaa hin qabu

Badii hojjedhen qabu

Yakkaaf gocha daddabaa

Namni waan hiyyoomeedhaaf

Jaalallee kansaa dhabaa?

Anis egaa nan fedha

Jaalallee kiyya boonsuu

Kennaa gatii jajjabbaa

Sukkareekoof dhiyeessuu

Anis silaa nan yaada

Akkasheen naf gammaddu

Hiyyummaa kiyya takkaa

Dagattee nan tilmaamtu

Gogaadha otoon jedhiin

Akaayiilee soorannee

Bishaan birciiqqoon guunneen

Addaan qoonnee dhiqannee

Hundumallee dagannee

Jaalalatti amannee

Maatirraa adda baanee

Godoo xiqqootti gallee

Hiyyummaa kiyya ati
Leeyyoof qaaniitti ilaaltee
Otuun karraan si eeguu
Boroon cabsitee baate
Onnee koo gowwaa sanaaf
Olmaa siin oolle oolte !

Kaleessa na tuffattee
Balbala cuftee baate
Akkamiin as deebitee
Garaa dhiifamaa yaadde
Namni silaa carraasaaf
Waan isaaf ta'un dhabu
Siif ani dagadheyyuu
Garaa dhiifamaa hin qabu

Umaakoof haa galatu
Rabbi abbaa dadhaabaf
Namni hin du'iin malee
Waan gitaasa maaf dhaba

Dhiifamakeen barbaadu
Waa'ee kankeetiin yaadu
Akkatti na yaadattu
Matumalleen barbaadu

Bo'ichakoo dagadhee
Gammaachuutti ce'eera
Ishee sirriitti na beektu
Gitakoo argadheera

Ishee afaankoo beektu
Horiifi meetii ta'us
Maliinuu nan madaalle
Dhabakoo guyyaa har'af
Waadaa naaf qabdun haalle
Qofumaan kiyya hafe
Gitakoo argadheera
Onneekoo ati miite
Isheetti kennaa dheera.

7. Baadiyaa kiyya

Bakkee dhalootaa kiyyaa
Qe'ee hundaan badhaate
Kan carraasaa argate
Otoo jiruu jannate

Mooraankee hundaan guutuu

Waan sit hir'atun jiru

Maallaqaaf, warqee ta'us

Homtinuu sin jijjiiru

Golakeef, bakkeেকেetu

Waan hundumaan guutudha

Qaromina addunyaaf

Lafeen dugdaa si'idha

Naatoo qabeettii dachee

Magariisaan faayamte

Uumama addunyaa maraaf

Wabii jireenyaa taatee

Uumamakee ilaalaa

Yaadakeenan bohaara

Laggeewwankee qaqaalii

Tabbarraan gad yaa'ani

Gaarreewwankee dheedheeroo

Samii gahuuf yaalani

Sulullankee miidhagoo

Hadiida fakkaatani

Bosonakee heddummaatee

Goofareerra yabbatu

Bineensonni kee silaa

Urjii caalaa baay'atu

Haroowwankee miidhagaa
Dirree kubbaa fakkaatu
Qurxuummiiwwankee fiigaa
Kaachoo itti taphatu
Anaaf baadiyaa kiyyaa
Warqeef meetiin nan gitu

Baadiyaa dirree seenaa
Argama qaroominaa
Dinagdee adunyaadhaaf
Utubaaf dhaabaan sidha
Hanga baadiyaa kiyyaa
Eenyuyyuu naaf hin gahu
Baadiyaa kiyya yaadaa
Sagal yaadaan daldaala
Araada biraan qabu
Baadiyaa kiyyaan ala

Gussee keenya haaddachaa

Qarree sassarannee

Qomee keenya uffachaa

Kittaa keenyaan faayamnee

Damma keenya cafaqnee

Afaan guunnee cufachaa

Aannaan keenyaa okoleen

Olkaasnee habbuuqqachaa

Aadaa keenya barachaa

Duudhaa keenya hubannee

Otuu eessayyuu hindeemiin

Baadiyaatti guddanne

Ganna lagewwan kankee

Guutanii danbali'u

Gaaraafi dachee keerra

Walkuta wal ari'u

Birraa habaabookeetu

Foolii gaarii bobbaasaa

Bareedaaf urgaasaatu

Dharraakee nama baasa

Finca'aalee dhedheeroo

Tabbarraan gad yaa'anii

Baadiyaa deeman malee

Eessattilleen argani

Simbirroo mimmiidhagoo

Uumamni kanin madaalle

Baadiyaa kiyyaan addatti

Eessa deemeen mil'anne

Dacheen kee nama dhiisii

Uumaa deebisee cora

Miidhaaniif bishaan hafee

Qilleensisaa naaf soora

Dirreesaa bal'aa sana

Dhibbaaf, shantamnin guunne

Faradoo gulufsiisaa

Isa itti guddanne

Mukeewwansaa dheedheeroo

Baalaaf, damee baay'atu

Imalaan uffee jedhee

Gadisasaat boqotu

Namarraa adda ba'een

Waa'eesaatin herrega

Yaadannoo waliin qabnu

Anaafi baadiyyaa beeka

Qarreewwansaa qaqaalii

Mudhiin Sonsa fakkaatu

Birraa barii yaa'anii

Buqqisa buqqifatu

Dargaaggoon sosolooloon

Leemmana fakkaatani

Masqalatti yaa'anii

Hiyyoolee taphatani

Halagaaf , diina dhiisii

Firayyuu inafsiisu

Hammam yoon fagaadheyyuu

Eessa yoon jiraadheyyuu

Baadiyyaa na yaachisu.

8. Akkamiin nan hubattu?

Magaallee siin jechuudhaaf

Magaalleen kuma ta'u

Diimtu kiyya siin jechuuf

Diimtuutu hammakeen ga'u

Kennaa jaalalaaf ta'u

Maaluma siif qopheessu?

Warqee, meetiifi naasni,

Homtuu hammakeen geessu

Rifeensakee facaasaa
Daandii keenya yoo deemtu
Onneenkoo tarsa'uudhaaf
Akka allaadduu hoollata
Akan tabbatti fiigetti
Hafuura na dhorkata
Miilli kiyya hidhamee
Akka qocaa tirata
Akan dhugee machaa'etti
Olii gadi na darbata

Ijjikee na mil'achaa
Maaf na laaluu dagatte?
Imimmankoon harcaasa
Suura kankeetii ilaalaa
Gubaan jaalalakeetii
Lapheetti ol na aara.

Otuun dhugee soradhuu

Yaadakeefan huqqadhe

Hundumaarra qal'adhee

Biilaa garbuu fakkaadhe

Qaamonnikoo martinuu

Si argaan na hollatu

Akka aduun itti ho'etti

Dafqa ofirra darbatu

Maaliif dhiphina kiyya

Fulaakoorraan hubattu?

Naaf haa gaddu garaankee

Keessikoo isa gubatu

Koloneeffataa ta'ee

Jaalalliikee dhuunfatee

Onneekoo jaalalakeetu

Bonaa, ganna darara

Yaadniikee gutummaakoo

Qaamakoo na weerara

Halkan hirriba keessa

Sagal gaggalagalaa

Imimmaankoon harcaasa

Suura kankee ilaala

Keenyan mana kiyyaa

Baaxiisaa dabalatee

Halkan hirriba keessaa

Si ta'ee nat mul'ate

Yaadni garaa na raasa

Hafuura na dhorkatee

Lapheekoo na tarsaasa

Boraatiitti gad jedheen

Waa'eekeetin hasaasa

Kopheekoo otuun baasiin

Kofoo baasuufan dhimma

Firaashiitti hasaaseen

Waa'ee kankeetiin hima

Waa'eekeetiin addatti

Homaa haasa'aan qabu

Firashiif, hansolaankoo

Hunduu quba nat qabu

Atoo fucungee miti

Kan hundumaa tuffattu

Miira anii siif qabu

Akkamiin nan hubattu?

Ija kankee doo'achuuf

Moora keessaniin marsa

Otuu dhiphuukoo beektuu

Cuqqalamtee maa teessa?

Si barbaachan jaawwara

Kopheen koo na dhumatee

Fuulliikoo cilee caalaa

Jiraatti na gubate

Onneen koo miidhamakeen

Dhiiga diimaa darbata

Nan mil'annemoo ati
Yoon maal ta'e hubatta?
Akan maraataa ta'eetti
Natti seeqachaa dabarta

Siddisee kiyya ati
Ilillirra miidhagda
Abaaboof, shittoo baraa
Caalaa natti urgoofta
Durattoo dureessaaffuu
Miira dhiphachuu qabda
Boji'amuukoo barteemoo
Har'a maaf na daraarta?

9. OROMIYAA

Dachee bal'oo miidhagduu

Irraaf jalaan badhaatee

Uumama hundaa qabda

Enyuunuun dorgomamtu

Gibeen si keessaa madda

Dhidheessaafi Shabaleen

Humna achirraa maddutu

Dachee ifaan weerare.

Dhagaankee dhadhaa baasee

Dacheenkee aannan kenna

Dirree Sheek Huseen deemnee

Uumamakee daawwanna

Gaarreewwan hedduu qabda

Maqaa dhaheen xumuru

Tulluu diimtuuf Cilalloon

Gaarri lakkoofsan qabne

Dacheekeerratti argamu

Maalkeetu ormaan gadi

Mee maaltu sit hir'ata

Gooni Haayilee Fidaa

Dacheekeerrat dhalata

Firaaf arjoomuun hafee

Halagaayyuun guddifta

Uumamaan kan badhatee

Eenyumatu si gita!

Shamarrankee qaqaalii
Kan mudhiin qabaan guunne
Dargaggoowwankee mirree
Kan diinaaf garaan hirre

Amantaa ofii qabda
Umaakeen walii galta
Horaafi tulluu deemtee
Galata isaaf galchita

Qaroomina yoo ta'es
Atoo hundee Kushiiti
Kalandarri addunyaa
Argaminsaa kankeeti.

Maaltu sitti xiqqaata
Uumama maraa qabda
Bosonnikee miidhaga
Bineensotaan kan guute
Mooraakee bal'aa sana
Bineeldonni dhuunfate
Harawwankee gurguddaa
Qurxummiin kan badhaadhe
Jiituu Gannaafi Bonaa
Baguma kankoo taate

Mirga namaan sarbitu
Dhugaakeetii ni beekta
Ijoollleekee waldhabdeef
Odaa jalatti walgeessa.

Ijoollee hedduu qabda
Ilmaan Maaccaaf , Tuulamaa
Shawaa, Wallaggaaf, Limmuun
Harargeenis keetuma.

Baalee, Walloo fi Beegii
Matakkaliin daballee
Bakalcharra ni caalla
Guddifachaan hammannee
Itti makoon otuun hafiin
Ijoolleenkee walgeenye.

Harmee faara qabeettii
Hundumaaf garaa laaftu
Halagaaf firan jettu
Hundaa walqixa laaltu

Mallatoon kee odaadha
Seerakee gadaan tumte
Sirna dimookiraasii
Addunyaaf gumachite
Na boonsita biyyakoo
Baguma kankoo taate!

10. Maaf Dagatte Maatiikee?

Maaf dagattee maatiikee
Maatiikee ishee ganamaa
Hiyyoomnee quullaa buusnus
Miidhaginnikee numa.

Akkamiin nu dagatte

Maaliif nu irraanfatte?

Waadaa isa waliin qabnu

Moofaan martee darbatte?

Abbaankee humni dhume

Mogoleen qal'atteetti

Sangaa duuba gugguufaa

Dugdi na goobaxa'ee

Si barsiifachuuf jedheen

Ijoolluumaan raata'e

Kofoo kiyya dachaasee

Haga jilba darbutti

Harkikoo bitaaf mirgaa

Haga na qunca'utti

Jireenya keetiif jedheen
Rifeensa lama arge
Harriin guutummaa qaamaa
Sammuukootti na marge.

Ganama subiin jedhu
Sinbira duran ka'a
Gubataan fuula kiyyaa
Jireenyakoof ragaadha

Mogoleen na qal'atte
Akka miilla lukkuutti
Bonaa, Gannaan dhama'a
Akka sumaaf darbutti

Miillaakoof kopheen yoomuu

Dagatee waliin beeku

Isa ati sharaaf *qodaa*

Filattee ittiin boontu.

Harmeenkee siitiif jedheen

Rakkina hedduu arge

Ibiddarra gugguufaa

Ijjikoo na suula'e

Uffata namaa miicuuf

Harkiikoo na qunca'e

Mangaagaan koo inni mirgaaf

Kan bitaa wal rukutee

Rakkoon guutummaa jiruu

Golakoo na dhuunfate.

Abbaankee siitiif jedhee

Gammachuu kansaa dhabee

Nama jala gugguufaa

Dugdisaa gobaaxa'e

Ilmookoo egaa cimnee

Ofii keenyaa of miinee

Ulaagaa hundaa siif guunnee

Sinimmoo si barsiifne

Atiis egaa jabaattee

Barnootas xumurattee

Ogummaa nun si badhaafneen

Dookter, taatee waamamte

Anaa fi Abbaakeetii

Maatiwwankee dagatte

Otuu qubeen lakkaa'iin

Digirii si barsiifne

Otuu qullaan dhoofkatiin

Surree sitti uffisnee

Otuu fardaan hin deemiin

Xiyyaaraan si deemsifne

Ofii gadi of buufnee

Addanaan si geessifne

Otuu waa sin hir'atiin

Boonsifnee si barsiifne

Atis eegaa dagattee

Waadaa galte jajjabaa

Guddattee nama taanaan

Jette maatiinkoo kanaa!

Ati egaa bashannanaaf

Geejjiba filadhuutii

Soodareetti marmaari

Shamarree qabadhuutii

Ati Bargeriiif, Piizaa

Jechaa nyaata filatta

Maatiinkeesilaa har'as

Gubataama sorranna

Guyyaa du'aa lakkaa'aa

Harka Ormaa jiraanna.

Na dhagahi ilmako

Ilmakoo isa ganamaa

Yarannes gaaromnesi

Maatiiwwankee unuma

Addunyaan kun burreedha

Adiis, guraacha miti

Bifa mataasaan qabu

Olis, gadis adeema

Bishaan gabaateerraati

Yaa'a mataasaan qabu

Tarii nuufuu darbeetu

Nutti dheessuuf ni dhufta

Tarii ittiin nu darbee

Qeensa ofirraa cirta

Hidhii of xuuxaa haftaa!

10. Dubartummaakoo!

Mee ati eenyu laata

Eenyuu waliin dhalatte

Eenyumarraa dhalatte?

Dubartii ta'uu kiyyaa

Namaa gaditti maa laalte?

Dubartii ta'uu kiyyaatti

Hedduudhan itti boonaa

Haadha siinqee haadha golaa

Haadha nagaa haadha tolaa

Nagaaf araara malee

Gonkumaan fedhu lola.

Haadha ta'een si dahee
Ciininsuu hamaa danda'ee
Haadhoo ta'een si boonse
Ofii namaa gad ta'ee
Jaartii ta'een si cimse
Ofii kiyyaan raata'ee
Siif jecha dhiigni kiyyaa
Kichummaan dhangala'e

Dugdi kiyyaa dudduufee
Boquu olqapheen adeemu
Gudeddaa jabaan hafee
Namaa gadit nu laalu
Yoo fedhan nu dhaananii
Qabanii nu kittaanu.

Mirga guutuu nan qaba

Nama ta'een uumame

Akamitti korniyaankoo

Sii gaditti ilaalame?

Naaf dubartummaan kiyyaa

Waan natti hir'isun jiru

Hojjechuu nan danda'a

Biyya kankoo jijjiiruu

Akka Sawaaf looniitti

Manatti nu ittisu

Ofii gubbaa taa'anii

Gajjallaa nu teessisu

Akka ilmoo re'eetti

Qabanii nu daldalu

Namummaan keenyi hafee

Sawwaniin nu madaalu.

Falaasama kaasanii

Ofiin ofit odeessu

Seenaa keenya buusanii

Maqa keenya xureessu

Eenyutu jedhe laata?

Dhiirri biyya ijaaree

Shamarrimmoo akka diigdu

Aarsaa biyyaaf kaffalle

Adowaan haa dubbatu

Shoora Afrikaaf hojjenneef

Mahibuubaaf, Kuwamee Nikuruumaa

Addunyaaf bu'aa buufneef

Qabna seenaa Bilillee

Gootoliin kuni maraa

Dubbartoota mitiiree?

Mirgi keenya dhiitamaa
Namummaan nu sarbamee
Shamarree ta'uun keenya
Gaditti tilmaamame
Boquu keenya ol qabnee
Ija guunnee hin ilaallu
Golaatii gadi baanee
Achi deemneen daldallu

Baraafi jaarraa hedduu
Hacuucamuu dandeenyee
Mirgi keenya dhiitamaa
Miidhamaa har'a geenye.

Walqixxuummaa jedhanii

Gurratti nu lallabu

Har'as dubbiin koorniyaa

Laayyoottin ilaalamu.

Keeyyanni soddonii shan

Nuufis haa kabajamu

Keeyyanni Soddonii afur

Sirriitti haa ilaalamu!

12. Kan du'eef na boochisa

Kaleessa guyyaa sana

Fira hedduun qaba ture

Aanteefi fira haalalaa

Iyyafannaan isaanii

Gabaa waccurra caala

Har'a garuu akkas miti

Guyyichis jijjiiramee

Kan kaleessaa naaf firas

Faallaa ta'ee argame

Otuu ijaan na laaluu

Fuulaasaa narraa qabe.

Rakkoo bishaanin qabu

Miidhaaniis nan soorradha

Kan kaleessaa naaf firaa

Hundaa yaadaan jiraadha

Garaakoo gowwaa santu

Gudeelcha na baachisa

Ofiikoon of dagadheen

Maatiikoof na yaachisa

Kan jirurraa adda ba'een

Kan du'eef na boochisa

Carraakeetti gammadi

Uumaa galateeffadhu

Aadaa galata galchuu

Har'a qabii baradhu

Ni dhugda ni sooratta

Kan si dhiphisun jiru

Yoo barbaadde '*Kaamsherii*'

Feetu suufii uffatta

Dhadhaaf aannan soorattee

Dammaan afaan dhiqatta

Maatii qabdaaf kokolfaa

Bashannanaa jiraatta

Kopheen sittin hir'atu

Uffanni gosa maraa

Ammayyuman martinuu

Hunduu sirrat argama

Manaa baatee yoo galtu

Simmannaa addaa qabda

Hangafaaf quxisuutu

Olka'ee si simata.

Yoo dhabdes dammaafi dhadhaa

Aannaniif nyaata gaarii

Haadhaafi abbaa qabda

Dagatteen beektu aarii

Raafuu keeyyuu yoo ta'e

Akaayiifi nyaata gogaa

Gammachuudhaan sooratta

Maatiikee waliin dhugaa.

Atoo Haadha qabdaafuu
Akka feete jiraatta
Ofiin dhadhaa nyaatteetu
Cooraakeef gogaa laatta

Ani mooraa kiyyattan
Jabbootakoo sakaala
Irbaanni kiyya hafee
Irraa-hafaakeen funaana

Egaa siin irraanfadhee
Carraa komadhu laata
Anas hiree kiyyaatu
Ilmoo bofaa na godhe
Abbaankoo biyyaaf jedhee
Gagaa dammaa of godhe

Harmeenkoo na guddisuuf

Faana ariitii kaastu

Isheen ofii beelootee

Cafaqxee anaaf laattu

Hirriba keessaa kaatee

Haraatirraa naaf laaltu

Na guddiifachuuf jecha

Bonaaf, Ganna dhamaatu

Umurii gabaabbattee

Rooba, Bonaa taateetti

Ilmooshee qofaat dhiistee

Miilla fageeffateetti

Ofii iddoo dhugaa dhaqxee

Dacheetti na laatteetti.

Kan qabus ija laalaa

Kan dhabees hundaa faana

Arrabuma lallaafaa

Guyyaa na lakkoofsisa

Otuun dhugee sooradhuu

Matiikoof na yaachisa

Kan jiruun adda ba'een

Kan du'eef na boochisa.

Yoon dhabees maal abbaashee

Argadhes naan sooradha

Jireenya kiyyaa dhiiseen

Maatiiwwankoo yaadadha

Otuun nyaadhuu huqqadheen

Quba nyaachaan jiraadha

Isa kaleessaa sana

Seenaa darben yaadadha

Abbaankoo gubbaa ta'ee

Anis jilbasaa gidduu

Harmeenkoo dinqa keessaa

Kolfaa waliin taphanna

Ayyaanni waggaa gahu

Yoo firri wal yaadatu

Keessiikoof, miirtoonnikoo

Maatiikoo na gaafatu

Isa kaleessaa sana

Seenaa darbe yaadatu

Nan dhamaasiin garaakoo

Garaakoo garaa seenaa

Abbaankee sitti cimee

Faanasaa si dhookseera

Harmeenkee sitti cimtee

Balbalashee cufatte

Nan raasiin nan dhamaasiin

Seenaa darbe yaadattee.

13. HARMEE

Harmee harmi aannanii

Barruun lachuu miidhaani

Cooraako luuccee jetta

Masistee nama waamta

Ibidarra dhaabattee

Dhaleekoof jettee yaadda.

Yogguu ofiifin jettu

Anaaf jettee dhiphatta

Rakkinakoo rakkattee

Gidiraan waxalamta.

Otuu naanin nyaachisiin

Ofii afaaniin kawwatu

Otuu naanin raffisiin

Ofishee gadin raftu

Harkaaf,,dugdatti baattee

Qoomatti na qabatta

Ofiikeen of dagattee

Dhaleekoo jettee yaadda.

Maal katabee xumuru

Imaanaa narraa qabda

Miillikee qoreen dhume

Bineensaaf ofkennitee

Otuu naaf jettee yaadduu

Ofiin of gadoochitee

Otuu ofiin boqotiin

Naanimmoo na boonsite.

Yaadee yommuun yaadadhu

Seenaakee bara sanaa

Anaan guddiisuuf jettee

Yoom argatte qabbana?

Mataakee luuccaa sana

Cirtee natti luqqistee

Ijjikee kuulii suni

Ibiddaan si suuloftee

Beelaafi dheebuu hameenyaan
Gurrikeellee si duudde
Kan duriillee duridha
Humnikee gaanii cabsa
Har'a maaliif rakkatta?
Naaf jettee maaf miidhamta?
Miillikee si qal'attee
Duugdikee gadi jetteetti
Hin yaadiin, hin yaadda'iin
Kichuunke mixiin suni
Hardhahoo jabatteeti.

Galatoomi yoon jedhe
Kunu sitti xiqqaata
Jecha maaliin si jajuu
Yoom garaan na boqota?
Otuu harbuun hin jirree

Sinbirroof qilxuun jira
Otuu harmeenkoon jirree
Anaafoo du'a malee
Fillaannoo maalii jira
Galatoomi harmeekoo
Qal'ittii akka calii
Bareedduu akka anbaarii
Kaan qarshiidhaan duuroma
Warqeef maallaqa gaarii
Atii obsaan duuromtee
Naaf laatte biddeen gaarii
Innumti obsa siif laate
Haa ulfaatu Uumaanii
Waan biraa siifin hawwu
Umurii siif haa keennu
Kaasuu guutee dachaani.

14. Cilee fi Cabbii

Uumamaan tokko miti,
Samiif dacheerra dhufe
Cileen silaa muka ta'ee
Dachee bal'oorraa marge
Cabbiinis dhagaa ta'ee
Samiitu gadi darbe.

Waanin jirre kaasanii
Ol dhaabanii odeessu
Yoo fedhan jiraa faana
Du'aanis si qixxeesu
Seenaa ofiin ol kaasaa
Kan keemmoo ni xureessu
Inni kaanillee hafee
Cilee cabbiin fakkeessu!

Kan uumamaan addaa
Hidda walirraan qabne
Kokoriin bobbaan re'ee
Bunatti fakkeeffame
Seeraa Uumaa cabsanii
Waanin jirre odeessu
Odaas jirmaan gubanii
Daaraa daakuun fakkeessu.

Dheeraa humdumaan olii
Kan gaaddisni boqonnaa
Kan damee heddummaatu
Kan baalonnisaa maraa
Akkamitti odaa gubee
Daaraa daakuun tilmaama?

Otoon daakiin bukeessa

Bukoos dhoqqeen fakkeessu

Waanin jirre odeessaa

Lugna goota fakkeessu

Hambaaleen seenaa hafee

Eeruun jirre tarreessu

Ulfan jirreen ciniinsuu

Humna dhumeen miixannaa

Waaniin jirreen oddeessu

Dhugaaf du'een argama

Icciiitiif dhoksaa jedhee

Waanan lammiif kakadhe

Gadi baheen afarsu

Ofkuttuu ilma Saadoo

Adamiirraan dhaladhe.

Waanin keenye fudhachuuf

Hiixachuun fala miti

Waan jiruman haasa'e

Dhugaadha dhara miti

Dhugaa dhokseen jiraadhu

Ani sanyii Haaceeti

Bishaan daandii cufanii

Dhagaa cabseef hadheessu

Dhukkaamamtee raafamnaa

Annaannu Baarreen teessu

Of ta'anii jiraachuun

Of-beekuuf ,sabboonummaan

Halagaan adda bahuun

Ergi ta'ee dhiphummaa

Du'eetan bada malee

Mee of ta'een argama

Akka Eebbisaa Addunyaa

Biyyaafan wareegama
Akka Usmaayoo Musaa
Akka Dadhii Galaanfaa
Akka Haacaaluu kiyyaa
Dhugaaf du'een argama

Abjuu yaadaan ulfaa'ee
Galaana yaaddoo daaka
Akka dhugaanin cinne
Reefu hubatee arga
Ganaa afuftuun dhume
Dhugaan qe'eetti nu marga
Rabbi umurii naaf kenni
Birmmadummaa biyyakoo
Ijumakoonaan arga
Sidaa gotaa dhabbatteef
Urgooftuuf, shittoon diba

Biyyaakoo bilisoomte
Argeen Haaceekof hima
Biyyakoo bilisoomte
Argeen Eebbookoof hima.

15. Du'a na komachiisa

Umaati Uumama dabsee
Qofaa na haasofsiisa
Kanaan komadhuu dhabee
Du'a na komachiisa!

Qofaa ta'een haasa'a
Ofittan gugguguma
Murteen du'atii kuni
Shira qabdi dhuguma.

Si komadhee yaa du'aa

Garaakoot si taajjabbe

Qaqali'i ijoollee Oromoo

Gootota of duraan dhabe

Taaddasaarran dabaree

Gabayyoofi Garasuu

Caalchiisaas hin fudhaatte

Kichuu, hundumaaf quxusuu

Abiisheeko nan dhabe ,

Eleemoof, Bakar Waaree;

Kan akka du'a kanaa,

Shira xaxu jiraare!

Waaqoo Guutuun dabalee

Balaayiiifi Gabayyoo

Oliiqaa Dingil waliin

Indaaleefi Xilahuu

Eebbisaakoos nan dhabe

Nama sabaaf xiiqa’u

Abdiisaan otuun hafiin

Hangafni hunda keenyaa

Gootota hedduu dhabne

Maaf callisnee, maaf teenya?

Alamuu tasaan dhabe

Daraaraa ilma Kafanii

Tigistifaas nan dhaee

Geexee intala Tafarii

Dhiiraaf Shamarreen jenne

Gootota hedduu dhabne

Maqaa dhaheen xumuru

Kumadha Kumaatama

Waan qabadhu walaaleen

Waan dubbadhu dhabeetan

Garaankoo na raafama

Haayiilee Fidaan dhabe

Abbaa dhaloota qubee

Du'a Oromoo kanatu

Mar'immaankoo na gube

Barataa hedduu dhabne

Maqaa dhaheen xumuru

Dunii kichuu Oromoo

Maaliif garaa naan gubu?

Anaa nyaatu sooraakoo
Lafee dugdaako cabee
Jabaa irraan seesne
Badhoo Dilgaasaan dhabe

Kaleessa na tutuqu
Madaakoo na hooksisu
Badhookoo ajjeesanii
Guraaraas hin fannisu
Ofiin dangaa darbanii
Du'a na komaachisu.

Si komadhee yaa Dachee
Yaa dachee Oromiyaa
Gootota maraa dhabneef
Ragaan qabnuu si'idha

Yaa dachee Oromiyaa

Dachee hundaan badhaatuu

Ishee yartuu guddistee

Jabaa kanshee dhuudhaatu

Yaa dachee Oromiyaa

Dachee hundumaan guutte

Ishee orma guddistee

Lammiiwwan kan ishee dhugde

Yoo dhugaa beekta taate

Afaankee haa dubbatu

Lafeen gootota keenyaa

Obsa si haa dhorkatu

Si komadhee yaa biyyee
Yaa biyyee biyya Amboo
Maammooko na boojite
Jaagamaafi Caalchisaa
Garaakoti obsa dhabe
Akkamittan callisa.

Jabaa ilma Kafanii
Daraaraakoon fudhattee
Waan jechaa wallaaleetan
Garaankoo na gubate

Kan milanaammoo adda
Raaja taatee mul'atte
Ilma Hundeessaa Boonsaa
Haacee narraa fudhatte!

Duruu duri duuni keenya

Hin jiru kan miilanaa

Iyyinus falli dhibe

Maal jennuree jarana?

Gaafa Guraaraa Lataa

Jecha dhabnee Callisne

Maaliif nu qaneessita

Maal si miine Finfinne?

Ajjechaa sukkanneessaa

Kan Jagamaa Badhaanee

Osoo garaatti baannuu

Ulfoofnee gumaa taanee

Har'asoo adda taate

Kan abboonaakoo Haacee,

Dachee nuti ittiin boonu

Qaaliwwan keenya nyaate.

Maal dubbadhu jarana

Maali dubbiin akkanaa

Imimmaan na hir'atee

Dhiiga buuseen harqana

Maali dubbiin fuggisoon

Dubbiin daandiirran deemne

Ija Ummata keenyaa

Kichuu of biraa dhabne

Maal dubbadhu lammiikoo

Maal dubbadhu yaa jamaa

Namni dhugaa dubbateef

Lammiisaa keessaa cabaa?

Namni dhugaa dubbaateef

Firasaa keessaa cabaa?

Barittiin bara miti

Bara gaaddidduun qabne

Bara fuggisoon arge

Ekeraa Nafxanyaatu

Moora keessat nu marge

Guyyittiin guyyaa miti

Guyyaa Ekeraa taate

Suuraa gootota Oromooti

Na fuldura dhaabbate

Hiriba keessaa ka'een

Ofittan lallabe

Kichuukoo ilma Hundeessaa

Haaceen of duraa dhabe

Manakotti ol seeneen
Baaxiisaattan odeesse
Gadhee saalfii hin beekneti
Goota na duraa cabse.

Anaa nyaatu yaa gurbaa
Anaa nyaatu Haaceekoo
Kichuutti si murani
Otuu dharrakeen quufiin
Nu duraa si fuudhani

Atoo tokkoof , lamaafoo
Kichuun turre Haaceeko
Tasa sirraan bahanii
Gurmuun sitti duulanii
Otuu gaarittin jedhiin
Nu duraa si fuudhani

Tokko lama otuun jedhiin

Rasaasa sit roobsanii

Otuu manatti hin seeniin

Faana si gabaabsani

Egaa maal jette laata

Dhaamsa maalii nuu keesse?

Cinachakee isa mirgaa

Suuta ennaa lafaan geese

Haaceeko maal dhageesse

Eenyuuf waadaa galteetta

Tokkeekke haadha Wabiitti

Nagaakee dhammatteettaa?

Giifiitike keessummaakee

Otuu baatteen dhungatiin

Wabiikee osoon guddisiin

Otuu jirtuus Milkiinkee

Baatee maaf achiin hafte?

Maalii laata akkikee

Jajjabeeko Haaceekoo

Haaceeko qixxee kumaa

Amanuudhaan dadhabe

Hin duutemoo dhuguma?

Nafxanyaan sammuu furrii

Afaan sitti haqattee

Otuu xiqqooyyuun turiin

Nu duraa si fudhatte

Atoo dharalleen maktu

Dhugaadhuma dubbatte

Waanuma dhugaa beektuuf

Gurmii diinaan jibbamtee

Anaa nyaatu sooraakoo

Ol adeemaakon dhabee

Maal qaphee maal gadhiisu

Lafee dugdaako cabe

Haaceeko maal si miine

Maaliif waadaankee cabe

Dubbichi dhugaadhumaa

Amanuudhan dadhabee

.

Haceekoo, bareedduukoo

Gabaabduu , bayeettiikoo

Ijoolleen Ambookeetii

Durattoo haadhookeetii

Ijoolleen Jimmaa keetii

Hundumtuu haadhokeetii

Ijoolleen Wallaggaatii

Boranaa fi Gujiin maraa

Arsiifi Harargeenillee

Hundumtuu hadhookeeti

Akamiin nu dhokisitee

Qofaakee baate ati?

Darara mana hidhaa

Dhiittaaf reebbii dandeesse

Yartuuf yoom jilbeeffatte

Hunda baattee as geese

Durattoo galaanniyyuu

Darbaa yoom si dhorkate;

Shira sitti xaxanii,

Loolaatu si fudhate

Anaa nyaatu qal'aakoo

Araba qaratanii

Waa sagal odeessanii

Harkaaf gilaabii turre

Addaan nu fageessani.

Haacee sirriin si beeka

Dagattee waadaan nyaattu

Nan beeka garaakeetii

Garaankee nuuf kichuudha

Kan addaan nu fageesse

Hundaa keenyaaf michuudha.

Haaceekoof yaa Jagamaa

Atillee yaa Caalchisaa

Ijoolleen Ambookootii

Durattoo faana tokko

Daandii tokkoon nu oofa

Gargar nu facaasani

Akkuma ilmaan bofaa

Durattoo roorroo diinaaf

Dagannee Gurran laannee

Akka xaaxee bisingaa

Garagar faffacaane.

Haaceeko jajjabeeko

Jajjabee ilma Hundeessaa

Gibee guutee hir'annaan

Bonni gahuun tilmaame

Jirra! Jirra! waliin jechaa

Addaan bahuun jiraree

Maal taate qal'oo kiyyaa

Jajjabee akka sibiilaa

Olqabdee honnatteeti

Jette ture ansiif jira.

Maal dubbadhee maal dhiisu

Jecha kamtu naaf jira

Haaceeko yaadee dhabeen

Mataakoo ofirraa cira

Mogoleen na qal'attee

Garaankoo na gubate

Yaartuu gaddidduun qabneet

Haacee narraa fudhate.

Haaceekoo...

Otuu cariin si eguu

Nuuf jettee booruu dhugdee

Umuriikee ijoollummaa

Mana hidhaatti fixxe

Galaa gubataa nyaachaa

Nuuf galaa gudunfitee

Garaakee nu dhoksatee

Maaf nuu dhiiftee dheessite?

Maal taatee Haacaaluukoo

Maaltu sit dhufee laata

Maaliif daandiit nu dhiistee

Baatee achirraan hafta

Durattoo biyya qabnaaf

Oromiyaa jiraanna

Durattoo nama qabnaaf

Haacee jennee dhaadanna

Akkam haa taanuu egaa

Eenyuu ilaallee jiraannuu?

Barsiisaa qabsoo keenyaa

Qubee nu shakalshiise

Of-beekuuf Sabboonummaa

Hundumaa nu barsiise

Roorrisaa roorroo barte

Afaanshee qabachiise

Jaalleewansaa biyya ambaa

Araat kiloo dhaalchisee

Jabaa of duraa dhabne
Jajjabee akka sibiilaa;
Jedheeti Qeerroon Amboo
Afaan banee siif iyya

Haacee sodaa hin beektu
Ijasheetti cabsita
Icciiitiishee otuun dhoksiin
Gadi baastee labsita

Atoo sodaattuu miti
Kan dinqa ciistee loltu
Xiiqqii argitee yoomuu
Takka biraan dabartu

Yaa Jaagamaaf, Caalchisaa

Hiriyooni Haacaaluu

Qeerransooko yoon jedhe

Kunoo siinin madaalu

Kana hundumaa dhabeen

Garaankoo na gubate

Yartuu garaaf duututu

Hundaa narraa fudhate .

Haaceekoof yaa Jaagamaa

Hiriyoota ganamaa

Abshir! hin yada'iinaa

Qe'een Abbaa keessaanii

Guutummaan Oromiyaa

Lafeedhaan ijaarama.

Egaa duuni hin ooltu

Duunillee duruu jirti

Kan keenyatu adda ta'e

Bararraa barootatti

Duroo halagaa jennee

Quba achi itti qabna

Du'a Haaceekoo kanaaf

Egaa eenyuun komanna.

Guyyichi hin dagatamu

Guyyichi guyyaa sanaa

“Jirra” jettee dubbatte

Honnatteeti hirqaanaa

“Addaggeen safuun beektu”

Dhugumakee dubbatte

Dunkaana uffatteeti

Jabaa nurraa fudhatte

Akka maraataa saree

Qe'ee keessa nu fiigdee

Afaanshee dhiiga bareen

Dhiiga Haaceeko dhugde.

Haaceekoo jajjabeeekoo

Jajjabee qixxee kumaa

Amallee sin gaafadhaa

Hin duutemoo dhuguma?

Wallaggaa otuun hafiin

Baalee, Shawaa fi Jimmaan

Harargee dabalatees

Booranni, Gujiin maraa

Otuu jibbakeen ta'iin

Jaalala siitiif qaba.

Ijoolleen Ambookeetii

Gudar, Gincii fi Meexxiin

Afaan banee si eega

Yoom baata konseertitti

Amanuun na rakkisee

Dhuguma dutee ati ?

Atin duune Haaceeko

Atin duunee yaa jabaa;

Seenaan ati nuuf keessee,

Umurii dheeraa qaba

Jarrillee shira xaxxee,
Kichuutti si sakaalte
Jaarraa dheeraa nu gaha
Galaan ati nuuf galaaste.

Haaceeko duutin ooltu
Egaa nagaan boqodhu
Lubbuunkee haa jannatu
Boolli awaalchakeetii
Daadhii eebichaan haa guutu

Qabsaa'aan duruun kufa
Qabsoonimmoo itti fufa
Gumaa baasuun hin hafu
Egaa eenyumoo fafa.

Qaaraan harkaan dhaabani

Boonnishee nama guba

Jechamni Oromoo durii

Dharan qabdu haquma

Jiraasheetii guddisnee

Qe'ee keenya dhuunfatte

Muuxannoo qaroominaa

Hundaa nurraa fudhatte

Gaafa Finfinnee dhuftu

Qumxaatiin nutti galte

Kofoo fi Kopheetin boonuu

Qee'ee keenyatti barte

Du'asheetii kabajnee

Siidaan nurra dhaabatee

Galanni tola keenyaa

Faallaa ta'ee mul'ate

Bor iftaanis hin jennu

Har'uma haa eegallu

Diina dugdatti baachaa

Kana caalaan jiraannu

Sidaa nafxanyaa diignee

Kan Haacaaluu haa dhaabnu

Siidaa nafxanyaa diignee

Siidaa gootaa haa dhaabnu!!

____//____

Galatoomaa !

Yaa dubbistoota qaaliwwan koo kana naa hubadhaa:

Kitaabni kun isa jalqabaa koo waan ta'eef, dogoggora qabaachuu ni danda'a; kanaafuu dogoggora jiruuf na ofkolchaa jechaa, kutaa lammaaffaa, '**Calaqqee Seenaa**'f yeeroo xiqqoo na eegaa! bifa '*Hard copy*' n isin biraan gahuufan jira.